Namni worra karaa Rabbii keessatti duulan qopheesse dhugaan duulee jira, namni worra karaa Rabbii keessatti duulu khayriin bakka bu'e dhugaan duulee jira

Zayd ibnu khaalid irraa akka odeeffameetti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni worra karaa Rabbii keessatti duulan qopheesse dhugaan duulee jira, namni worra karaa Rabbii keessatti duulu khayriin bakka bu'e dhugaan duulee jira».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni worra karaa Rabbii keessatti duula godhuuf sababoowwan imala isaatii fi meeshaa woraanaa, geejjiba, nyaata, baasii fi kan biroo irraa waan inni itti haa haajamu qopheesseef; inni akka nama duuleeti, mindaan duultotaas isaaf argama jechuu himani. Akkasumas namni dhimma nama duulee toltuun itti gaafatamummaa fudhatee, yeroo inni qe'ee irraa fagaatutti maatii isaa eeguu keessatti bakka isa irraa bu'e inni akkuma nama duuleetti lakkaawama jechuu himani.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3437